homes victoria

# Waraqaa dhugaa jalqabbii deeggarsa bishaanii

## Sagantaan Deeggarsa Bishaan Maalidha?

Sagantaan Deeggarsa Bishaan kan argamu namoota mana kireeffatanii fi Sagantaa Haaromsa Gamoo Gaanneewwan Gurguddoo (High-Rise Redevelopment Program) Kutaa 1ffaa keessatti bakka biraatti jijjiirraman hundaafi. Kireeffattoota gara mana jireenyaa hawaasaa addaa 33 Alfred Street, North Melbourne, 12 Holland Court fi 120 Racecourse Road, Flemington irraa gara mana jireenyaatti jijjiiramaniif.

Deeggarsi kun kireeffattoota baasii bishaan ji'oota 24 jalqabaa mana haarawa isaanii keessa jiraatan irratti kan gargaaru ta'a.

## Eenyuutu ulaagaa guutaa?

Kireeffattoota yoo 33 Alfred Street, North Melbourne, 12 Holland Court fi 120 Racecourse Road, Flemington irraa gara mana Victoria Street, Flemington ykn Abbotsford Street, North Melbourne tti yoo jijjiiraman ulaagaa guutaniiru.

## Deeggarsa bishaanii kanaaf akkamittiin iyyadhaa?

Kireeffattoonni deeggarsa bishaan kanaaf iyyachuuf ulaaga gutan garee jijjiirraa Homes Victoria irraa barreeffamaan, akkasumas yoo filatame bilbilaan, akkamitti deeggarsa bishaaniif iyyatan ibsuuf isaan qunnamu.

Kireeffattoonni, yoo barbaadan, namoota isaan deeggaruu danda'an marii kamiifuu akka irratti hirmaatan jajjabeessina, akkasumas hiikaa akka qopheessinu gaafachuu danda'u. Hiikaan nuti qopheessinu kireeffataa irratti gatii homaa hin kafalchisu.

## Deeggarsi bishaanii akkamitti herreegama?

Hammi deeggarsaa maatiiwwan uulaaga gutan tokkoon tokkoon isaaniif garaa gara. Akkaataa itti herreegamu:

1. Tilmaamni itti fayyadama bishaanii giddu galeessaan yeroo ji'oota 24 keessatti baay'ina maatii irratti hundaa'uun yeroo kiraa haaraa jalqabuu.

VICTORIA State Government

2. Gatii bishaan kan kireeffataan mana isaa kan duraanii gamoo ol dheeraa keessatti ji'oota 24f kaffaluu ture hir'isuudhaan.

Tooftaan kun baasii bishaan kireeffattoota mirga qabaniif ji'oota 24 jalqabaa mana kiraa isaanii haaraa keessatti kan hir'isu yoo ta'u, kunis kaffaltiin bishaanii sun akka kaffaltii mana isaanii duraanii kan mana jireenyaa hawaasaa gamoo ol dheeraa keessatti isaan irraa eegamu wajjin walfakkaatu taasisa.

## Yoo ulaaga isa gute, deeggarsa bishaanii akkamittiin argadha?

Kireeffattoota ulaaga gutaniif, deeggarsi bishaanii kaffaltii yeroo tokkoon herrega baankii isin filattan keessatti ni galfama.

Kaffaltii kana argachuuf, maaloo Unka Gaaffii Deeggarsa Bishaan kan itti maxxanfame guutaa. Unki kun harkaan yookaan mallattoo harkaa keessanii kan diijitaalaan iskaan ta'een mallatteeffamuu qaba.

Maaloo unka kana karaa armaan gadiitiin deebisaa:

- Imeelii erguun: RelocationsTeam@homes.vic.gov.au ykn
- Postan: Relocations Team, Homes Victoria, 50 Lonsdale Street, Melbourne VIC 3000

Tooftaan kun, kireeffattoonni deeggarsichi isaaniif qophaa'uu isaatiin dura, herrega baasii bishaanii argachuu akka hin eegne jechuudha.

## Yoo deeggarsa argadhe caalaa bishaaniif kaffale hoo?

Kireeffattoonni, ji'oota 24 jalqabaa mana isaanii haaraa keessatti, baasiin bishaanii kan mana isaanii kan duraa caalaa akka isaan irra ga'e yoo itti dhaga'ame, garee jijjiirraa Homes Victoria qunnamuu qabu.

Akkamitti Homes Victoria irraa kaffaltii deebisii argachuuf iyyatan ilaalchisee kireeffattoota waliin mari'achuu ni dandeenya. Kun kireeffattoonni garagalcha herrega bishaanii kan isaan ji'oota 24 jalqabaa kireeffannaa mana jireenyaa hawaasaa haaraa isaanii keessatti argatan akka dhiheessan ni gaafata.

## Gaaffii yookaan Yaaddoo qabduu?

Odeeffannoo dabalataaf, maaloo Garee Qunnamtii Jijjiirraa Homes Victoria lakkoofsa bilbilaa 0448 795 411 irratti qunnamaa yookaan imeelii gara RelocationsTeam@homes.vic.gov.au ergaa

**Oromo | Afaan Oromoo**

Odeeffannoo afaan keessaniin argachuuf, maaloo QR koodii iskaan godhaa yookaan marsariti armaan gadii daawwadhaa